# SANYII-BALTAFFUMMAA (RACISM) FI MOGGEESSOMA (DISCRIMINATION) MANA BARMOOTAA MUCAA KEE AKKAATAA ITTI GABAASTU



Oromo

**Mucaan kee mana barmootaatti kabajamuu, mararfatamuu (valued) fi wal-qixa ilaalamuu qaba yookin qabdi.**

**Moggeesomni yookaan miidhaan amantii yookaan sanyii irratti hundaawe obsamuu hin qabu.**

Yoo ati mucaa mana barmootaa isaaniitti moggeessamuun sanyii irra gahe yookaan arge yookaan miidhaan irra geessisame warra yookaan kunuunsee yoo taatee akka gabaastu si jajjabeessina.

Hojjetootni mana barmootaa tarkaanfii barbaachisaa fi gargaarsi tahuu qabu kennamuu dhugoomsatuu qaban.

Waan raawatame ilaalchisee himata sirnaa tarii mana barmootaatti yookaan waajjira bulchiinsa godinaatti dhiheessatuu dandeessa.

Odeeffannoo caaluuf, ilaali:
[Waa'ee mana barmootaa kee komii yookaan yaaddoo dhiheessuu (education.vic.gov.au)]

## WAAN RAAWATAME REPORT RACISM HOTLINE IRRATTI GABAASUU

**Report Racism Hotline**

1800 722 476

report.racism@education.vic.gov.au

Toorri gargaarsa bilbila ganama sa'aa 9gn (9am) hanga galgala sa'aa 5gl (5pm), Wixata (Monday) hanga Jimaataa, guyyoota ayyaanaa irraa kan hafe ni jira.

Yoo waan raawatame mana barmootaa mucaa keetti gabaasuun kan sitti hin tolle tahe, yookaan deebii manni barmootaa siif kenne si hin gammachiisne tahe, Damee Report Racism Hotline qunnamuu dandeessa.

Yeroo toora gargaarsa bilbila yaamtu:

- komii dhiheessuuf jirtu mariyatuu dandeessa
- wanneen akka filmaataatti ati qabduu fi itti aansitee maal godhchuu akka qabdu sitti himama
- waajjira godinaa fi tajaajila deggersaa argatuu gargaarsi siif godhama.

## KARA PARENTLINE GORSA BILBILA IRRAAN FI GARGAARSA ARGADHU

**Parentline**

13 22 89

www.parentline.vic.gov.au

Parentline sa'aa 8gn (8am) hanga halkan walakkaa, guyyaa torba guutuu, guyyoota ayyaanaa dabalee ni jira.

Gorsitoota qalbii (counsellor) Damicha irraa wallaba tahanii dalagan oguummaa gorsuu qaban irraa gorsaa fi deggersa yoo barbaadde Parentline quunnamuu dandeessa.

Parentline tajaajila gorsa bilbila warraa fi kunuunsota umriin ijoollota isaanii dhaloota irraa eegalee hanga wagga 18 tahan gorsa hicitiin isaa eegamee fi maqaa kee hin saaxille kan kennuu dha.

Gorsitootni dhimmoota warraa hedduu, moggeessoma (discrimination) yookaan miidhaa mana barmootaatti tahu dabalee kan dubbatan ni jiran.

## ODEEFFANNOO BARBAACHISAA

Odeeffannoo caalu gabaasa loogii amantii yookaan loogii sanyummaa fi miidhaa mana barmootaa keessaa as ilaali;
[Gabaasa loogii sanyummaa yookaan loogii amantii mana barmootaa keessaa (education.vic.gov.au)]

Odeeffannoo caalu fi wanneen gargaaran waalee horiisaa (bullying) deebii itti kennuu, horiisaa sanyummaa (racist bullying) dabalee as ilaali;
[Ittiisa horiisaa (education.vic.gov.au)]

Interpreter

**Tajaajila Afaan Jijjiirraa fi Hiikaa Biyyaalessaa (National Translating and Interpreting Service (TIS))**

Warri yookaan kunuunseen afaan hiikaa barbaadan Tajaajila Afaan Jijjiirraa fi Hiikaa Biyyaalessaa (National Translating and Interpreting Service (TIS) 13 14 50 irratti bilbiluudhaan Damee yookaan Parentline qunnamuu danda'u.

THE EDUCATION STATE

VICTORIA State Government | Education and Training